

Dhibee Gifiraa (Rubeola)

Dhibeen gifiraa maalidha?

Dhibeen gifiraa, rubeelaa jedhamees kan waamamu, vaayirasiidhaa kan namatti dhufu dhukkuba tuttuqaadhaan baay'ee daddarbudha. Vaayirasiin dhibee gifiraa kun salphaatti kan babal'atuu fi fayyaa nama tokkoo irratti rakkoo daran hamaa ta'e fiduu kan danda'udha. Tattaaffiin talaallii yeroo dheeraaf godhamaa ture Ameerikaatti dhibeen gifiraa akka hin babal'anne taasiseera, garuu weerarri dhibee kanaa mul'achuu fi ammallee uumamuu danda'u. Yeroo hanga/saffisi talaallii hawaasa keessatti gadi bu'aa ta'u ykn xiqqaatu carraan weeraraan qabamuu ni dabala. Gifiraa kutaalee addunyaa hedduu keessatti mul'achuun kan baratame yommuu ta'u imaltoota talaallii hin fudhatiiniin gara Ameerikaa seenuu danda'a. Namootaa fi hawaasa weerara kana irraa eeguudhaaf uwwisa talaallii olaanaa eeguun barbaachisaa dha.

Mallattooleen dhibee gifiraa maali?

- Shiftoo FI
- Ho'ina Qaamaa FI
- Qufaa YKN dhangala'aan funyaaniin ba'uu YKN jiidha funyaanii/diimachuu ijaa.

Mallattooleen dhibee kanaa kan mul'atan erga namni tokko dhibee gifiraaf saaxilamee gara guyyoota saddeetii hanga 12 tiin booda. Mallattoon jalqabaa yeroo baay'eeleygdaa/ho'ina qaamaa ti. Shiffen yeroo baa'yee kan mul'atu ho'i qaamaa erga jalqabee guyyaa lamaa hanga sadii booda yoo ta'u guyyoota shanii hanga ja'aatti kan turudha. Yeroo baay'ee shiftoon qaamaa ho'i qaamaa erga jalqabee guyyaa 2 hanga 3 booda kan mul'atu yoo ta'u, guyyoota 5 hanga 6 turuu danda'a. Shiftoon kun rifeensa jalaa jalqaba, gara fuulaa fi morma gubbaatti erga ce'een booda kutaa qaamatti gadi bu'a.

Isin ykn daa'imni keessan mallattoo dhukkuba gifiraa yoo qabaattan maal gochuu qabduu?

Hanga doktorii ykn kilinika keessan waliin haasoftanitti mana keessa turaa akkasumas namootni isin gaafachuu/daawwachuu dhiisuu isaanii mirkaneeffadhaa. Doktorii ykn kilinikiin keessan daawwannaadhaaf seenuu akka qabdan isinitti hima.

Dhibeen gifiraa hangam hamaa dha?

Dhibeen gifiraa dhukkuba hamaa mana yaalaa nama ciibsisuu fi du'a illee namatti fiduu danda'udha. Namoonni dhibee gifiraa qaban hedduun rakkolee fayyaa wal xaxoo akka garaa kaasaa, infekshinii gurraa, dhukkuba sombaa, ykn dhibee insefaalayitiisii cimaa (infekshinii sammuu kan sammuu dhaabbataadhaan miidhuu danda'u) qabu. Rakkoon fayyaa wal xaxaa kun daa'imman umuriin isaanii waggaa 5 gadi ta'ee fi ga'eessota umuriin isaanii waggaa 20 ol ta'an irratti baay'inaan mul'ata.

Gifirri yeroo ulfaa balaan ciniinsuu yeroo malee, ulfi irraa bahuu fi daa'imman ulfaatina xiqqaa qabanii akka dabalu ni taasisa. Keessumaa namoota sirni ittisa qaamaa isaanii laafaa ta'e irratti dhukkubni gifiraa cimaa ta'uu danda'a.

Dhibeen gifiraa akkamitti daddarba/tatamsa'a?

Dhibeen gifiraa yeroo namoonni dhukkuba kanaan qabaman hafuura baafatanii fi qufa'an qilleensaan kan daddarbudha. Baay'ee kan daddarbudha. Dhibee gifiraatiin yeroo tokkoo ol qabamuu hin dandeessan, sababiin isaas erga dhukkuba kanaan qabamtaniin booda dhukkubicha ofirraa ittisuu dandeessu.

Namni dhukkuba gifiraa qabu hanga yoomiitti dhukkubicha nama birootti dabarsuu danda'a?

Namni dhukkuba gifiraa qabu tokko osoo shifteen isaa hin mul'atin guyyaa afur irraa kaasee hanga erga mul'atee guyyaa afur boodaatti namoota birootti dabarsuu danda'a. Namni dhukkuba gifiraa qabu tokko osoo shiftoon irratti hin mul'atin guyyaa 4 irraa kaasee fi erga irratti mul'atee guyyaa 4 booda namoota birootti dabarsuu danda'a.

Wal'aansi dhibee gifiraaf ni jiraa?

Lakki, yaaliin addaa dhibee gifiraa hin jiru. Namoonni dhukkuba gifiraan qabaman siree irra ciisanii boqochuu, dhangala'aa fi ho'a qaamaa to'achuutu barbaachisa. Akkasumas rakkoolee fayyaa wal xaxoo kan akka garaa kaasaa, infekshinii gurraa, ykn dhukkuba sombaatiif wal'aansi isaan barbaachisuu danda'a.

Talaalliin dhibee gifiraa ni jiraa?

Eeyyeen. Talaalliin dhibee gifiraa kun yeroo baay'ee maampisii fi ruubeelaa (MMR) waliin walitti makama.

- Daa'imman ji'a 12-15 fi waggaa 4-6tti jiran talaallii MMR dooziidhaan argatu; MMR inni lammaffaan dooziiin jalqabaa erga kennamee ji'a tokko booda battalumatti kennamuu danda'a.
- Daa'imman umuriin isaanii ji'a 6-12 ta'ee fi gara idil-addunyaatti imaluuf ykn bakka weerarri vaayirasichaa itti mul'atutti dooziiin MMR jalqabaa dafanii fudhachuun ni gorfama.
- Ga'eessonni talaallii gifiraa hin fudhatiin ykn dhukkuba gifiraan hin qabamiin talaallii MMR doozii tokko fudhachuu qabu, keessumattuu yoo bara 1957 ykn sana booda kan dhalatan ta'e.
- Barattoonni (barattoota kolleejjii dabalatee), hojjettoonni eegumsa fayyaa, fi imaltoonni idil-addunyaa talaallii MMR doozii lama fudhachuu qabu, yoo kan hin fudhanne ta'e, talaallii fudhachuu qabu.
- Isiniif ykn daa'ima keessaniif talaalliwwan akkamii akka barbaachisu gaaffiiwwan yoo qabaattan ogeessa kunuunsa fayyaa keessan waliin dubbadhaa.

Isin ykn daa'imni keessan dhibee gifiraaf yoo saaxilamtan, maal gochuu qabdu?

- Hatattamaan doktorii ykn kilinika keessaniif bilbilaa. Daawwannaadhaaf dhufuun keessan yoo barbaachise isin beeksisu.
- Talaallii hin fudhanne yoo ta'e, erga saaxilamtanii guyyaa sadii keessatti talaallii MMR fudhachuudhaan dhukkubni gifiraa akka isin hin qabanne gochuu danda'a. Talaallii yoo hin fudhanne ta'e, erga saaxilamtanii guyyaa 3 keessatti talaallii limmee MMR fudhachuun dhibee gifiraatiin akka isin hin qabanne gochuu danda'a.
- Dhibee gifiraaf erga saaxilamtanii guyyoota jaha keessatti talaallii farra dhukkubaa ykn immuunoo giloobinii (oomisha dhiigaa farra qaama vaayirasii gifiraa qabuu) yoo fudhattan, hammeenya/miidhaa dhibee gifiraa ittisuu ykn xinneessuu danda'a. Yoo talaallii limmee immiinoo giloobiliinii (oomisha dhiigaa farra qaama vaayirasii gifiraa qabu) fudhattan, erga dhukkuba gifiraaf saaxilamtanii guyyoota 6 keessatti rakkoo hamaa dhibee gifiraa ittisuu ykn hir'isuu danda'a.

Mana barumsaatti ykn bakka birootti (fkn, kaampii yeroo bonaa, kunuunsa daa'immanii, bakka hojii, kilinika) dhimmi dhibee gifiraa yoo jiraate hoo?

MDH fi kutaaleen fayyaa kan naannoo namoota saaxilamuu danda'an adda baasuuf, dandeettii dhibee gifiraa ofirraa ittisuu qabaachuu isaanii madaaluu, fi haala addaa sanaaf akka barbaachisummaa isaatti ittisa saaxilamummaa boodaa irratti yaada kennuuf/gorsuuf haala naannoo weerara sana keessatti ni hojjetu. MDH fi kutaaleen fayyaa naannoo jiran namoota dhuunfaa saaxilamuu danda'an adda baasuu, dhukkuba gifiraa'f ittisa isaanii gamaaggamuu, fi haala addaa sanaaf akka barbaachisummaa isaatti ittisa saaxilamummaatiin boodaa (- prophylaxis) gorsuuf haala sana waliin ni hojjetu.

Minnesota Department of Health
PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975
651-201-5414 | www.health.state.mn.us/measles

04/24/2025 (Oromo)

Odeeffannoo kana unka addaan argachuudhaaf, kanarratti bilbilaa: 651-201-5414.